# Ergaa Phawuloos Gara Worra Tasalonqe'ee Erge Ta Qaraa

## Seensa

Tasalonqeen qachaa guddaa lafa biyyi Rooma'aa bulchu, ta maqedooniyaa jedhamuu ti. Phawuloos, Filiphisiiyuus lakkisee deemeen duuba Tasalonqe'etti wolde'a kiristaanaa dhaabe. Teetuu malee, worri Yihudoota hin te'in ka dhugeeffannaa Yihudootaa fudhatiisaaf dhiyaate, barsiisa dhugeeffanna'aa ka Phawuloos barsiisu waan jaalataneef, worri Yihudootaa gaabbee, Phawuloos irratti moromaa kaase. Tanaaf Phawuloos biyya Tasalonqe'ee lakkisee gara Beeriya'aa deemiisi dirqama itti te'e. Diqqoo turee, qachaa Qorontoosii geyeen duuba, waa'elli isaa Ximootewoos ka isa woliin huju waan wolde'a kiristaana Tasalonqee keessaa tokko tokkoon itti hime.

Phawuloos ergaa ifii ta gara worra Tasalonqe'ee qara erge keessatti, dhugeeffattoota achi jiranu jajjabeessiisaa fi mirkaneeffachiisiisaaf barreesse. Inni marroo dhugeeffanna'aa fi jaalala isaanii, oduu dansaa waan dhage'eef Waaqa galateeffata; wodhakkaa isaaniititti yennaa dhaggame, le'ii attamii akka le'een isaan qaabata; achiin duuba gaaffii marroo dhufa lammoo Kiristoosiitiif, wolde'a kiristaanaa keessatti kaateef deebii kenna. Gaaffii san keessaa gariin: dhugeef-

fataan Kiristoos adoo deebi'ee hin dhufin dura du'e tokko, jiruu bara baraa ta deebi'ee dhufiis Kiristoosii fidu keessatti qooda hin dhaggataa? Kiristoos yoom deebi'ee dhufa? Ta jettu fa'a. Phawuloos daguu tana keessatti, «Deebi'ee dhufa Kiristoosii addi'iin adoo eegattanuu, cadhisa'aatii hujii teessan hujadha'a» jedhaa isaan gorsa.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Seensa *1:1*
Eebba galataatii fi leellisa *1:2—3:13*
Gorsa adaba dhugeeffattootaatiif kenname *4:1-12*
Gorsa marroo dhufa Kiristoosiitiif kenname *4:13—5:11*
Gorsa muumme'ee *5:12-22*
Yaada buufataa *5:23-28*

1 Phawuloos, Silwaanosii fi Ximootewoos biraa:
Wolde'a kiristaanaa, ka Waaqa Abba'aatii fi Goottaa Yesuus Kiristoosii teetane, ka Tasalonqee keessa jirtanuuf:
Badhaadhaa fi nageenni isiniif te'u.

### *Jiru'uu Fi Dhugeeffannaa Worra Tasalonqe'ee*

2 Nuuti daadimata keenna keessatti isin qaabataa, yennaa duudii marroo isin maraatiif Waaqa galateeffanna.
3 Waaqa Abbaa keennaa duratti hujii dhugeeffannaa teessanii, jaalalaaf jettanee attam akka dadhaddanee fi addiin isin Goottaa keenna Yesuus Kiristoositti qaddanu attam jadduu akka teete hin qaabanna.
4 Obboleeyyan tiyya, akka Waaqi isin jaalatee isin fooyate hin beenna.

**1:1** HuE. 17:1

5 Oduun Gammadaa ta nuuti isiniif lallanne
hunnaan, Ayyaana Woyyichaa fi mirkaneeffata
guutu'uun malee, oduu calla'aan gara keessan hin
dhunne. Yennaa isin woliin turre, isiniif jennee
attam akka leene hin beettan.
6 Isin guddoo rakkattanulle, ergaa Ayyaana
Woyyicha irraa dhutte gammadaan fudhattanee,
nu'uu fi Goottaa keenna fakkaattaneertan.
7 Maarre isin dhugeeffattoota Maqedooniya'aa
fi Akaayyaa keessa jirtu duudi'iif fakkeenna tee-
taneertan.
8 Dubbiin Gootta'aa ta isin biraa kaate, Maqe-
dooniya'aa fi Akaayya'atti dhage'amuu callaa
adoo hin te'in, dhugeeffannaan isin Waaqatti qad-
danu addee mara dhaqqaddeerti. Tanaaf mar-
roo waan kanaa womaa dubbatiisa nu hin bar-
baachisu.
9 Yennaa nuuti gara keessan dhunne attam akka
nu fudhattane, Waaqa jiraata'aa fi dhugicha tajaa-
jiliisaaf, waaqota dharaa irraa deebitanee, gara
Waaqaa attam akka deebitane isaanuu hin hi-
man.
10 Akkasuma isaan Ilma isaa Yesuus, ka ol-
gubbaa irraa dhufu, ka inni du'a keessaa kaase,
ka mufii Waaqaa ta dhuttu jalaa nu baasu akka
eegattanu hin himan.

# 2

## *Hujii Phawuloos Tasalonqee Keessatti Huje*

1 Obboleeyyan tiyya, gara keessan dhufiis
keenna ka gatii hin qanne akka hin te'in isinuu
hin beettan.

---

**1:6** HuE. 17:5-9

2 Nuuti gara keessan adoo hin dhufin dura, Fil-
iphisiiyuusitti akka rakkannee fi arraffanne hin
beettan. Mormiin guddoon nu dhaqqaddulle,
Oduu Gammadaa ta isa irraa dhutte akka isiniif
hinnu Waaqi keenna jajjabeenna nu'uuf kenne.
3 Nuuti dokonkoraan, yookiin yaada hammeen-
naatiin, yookiin maltumma'aan isin hin gorsine.
4 Waaqi nu addatee, Oduu Gammadaa maga-
nne'een waan nutti kenneef hin dubbanna. Nuuti
nama gammachiisiisaaf adoo hin te'in, Waaqa
gadhaa keenna qoree ilaalu, gammachiisiisaaf
tana goona.
5 Dubbii sossobaatiin, yookiin joljolummaa
teenna gollannee gara keessan akka hin dhufin
miidhassitanee hin beettan! Waan kana Waaqille
hin beeka.
6 Nuuti isin irraa yookiin worra dhibii irraa,
nama tokko irralle'ee galata hin barbaanne.
7 Nuuti akka ergantoota Kiristoosiititti waan
barbaachisaa te'e isin gaafatuu hin dandeen-
naayyu. Ammoo akka haadha daa'ima ifii hoosit-
tee guddittuu, qajeelumma'aan odduu teessan
leene.
8 Nuuti waan guddoo isin jaalannuuf, Oduu
Gammadaa ta Waaqa irraa dhutte callaa adoo
hin te'in, jiruu teennalle isiniif qoodiisaaf
qophoonneerraayyu. Sababille isin jaalota
teenna!
9 Obboleeyyan tiyya, attam akka hunyee fi akka
dadhanne hin qaabattan. Nuuti isin keessaa
nama tokkolle'etti ba'aa akka hin teene, halkanii fi
guyyaa hujataa, Oduu Gammadaa isiniif lallanne.

**2:2** HuE. 16:19-24; 17:1-9

10 Isin worra dhugeeffattane oddu'utti adabi
keenna qulluu, balcha'aa fi ka komii hin qanne
akka te'e isin dhugaa baatota; Waaqille nuuf
dhugaa baya.
11 Nuuti tokko tokkoo keessan, akka abbaan
ijoollee ifii ilaalutti, akka ilaalle hin beettan.
12 Le'ii Waaqa gara mootummaa ifiitii fi ulfinna
ifiititti isin waame gammachiittu akka leetanu
isin gorsaa, jajjabeessaa, magannee isiniin jen-
neerra.
13 Nuuti marroo teessaniif yennaa maraa waan
Waaqa galateeffannu qanna. Jecha Waaqaa,
ka nuuti isiniif lallanne yennaa dhageettane,
akka dubbii namaa adoo hin te'in akka jecha
Waaqaatitti fudhattaneertan; jechi kun dhugu-
maan jecha Waaqaa, kama isin worra dhugeeffat-
tane keessatti hujiisatti jiru.
14 Obboleeyyan tiyya, isin fakkeenna worra
biyya Yihuda'aa, ka Yesuus Kiristoosiin
wolde'oota kiristaana Waaqaa te'anee
hordottaneertan. Akkuma isaan harka worra
Yihudootaatitti rakkatane, isinille harka kolbaa
teessaniititti rakkattaneertan.
15 Worri Yihudootaa Goottaa Yesuusii fi raagota
ijjeesanee, nu'ulle miidhane. Isaan Waaqa hin
gammachiisanu, nama tokkolle'een wolii hin
galanu.
16 Worra Yihudoota hin te'iniif, jecha isaan
fayyisuuyyuu akka hin dubbanne nu dhooggan.
Akkasiin yennaa maraa cubbuu ifi irratti fakkan-
fataa deeman. Amma gara muumme'eetitti mu-
fiin Waaqaa isaan irratti dhutteerti.

**2:14** HuE. 17:5 **2:15** HuE. 9:23,29; 13:5; 14:2; 5; 19; 17:5; 13; 18:12

### *Dharraa Phawuloos Deebi'ee Isaan Ilaaliisaaf Qabu*

17 Obboleeyyan tiyya, gadhaan keenna adoo
isin bira jiruu, yennaa diqqo'oof ilaan wol dhag-
guu dhannee gargar baanulle, waan guddoo isin
dharraaneef ila teennaan isin dhaggiisaaf guddoo
wodhaanneerra.
18 Nuuti gara keessan dhufiisaaf barbaanneer-
raayyu. Keessumattuu ani Phawuloos yennaa
hedduu wodhaane; Seexanni ammoo nu kute.
19 Addiin teenna, gammadi keenna, kallachi
ulfinnaa ka nuuti Yennaa Goottaan keenna
Yesuus dhufu dura dhaabbannee, ittiin ifi jajnu
isin malee eennu ree?
20 Dhugumaan, ulfinnii fi gammadi keenna isin.

# 3

### *Ximootewoos Gara Tasalonqe'ee Ergame*

1 Maarre kana caalaa ossuu dadhannaan,
qofii teenna ollaa Ateena'aatitti hafiisaaf
murteeffanne.
2 Dhugeeffanna'atti akka isin jabeessuu fi ja-
jjabeessu, obboleessa keenna ka lallabaa Oduu
Gammadaa ta Kiristoosii te'ee, nu woliin Waaqaaf
tajaajilu Ximootewoos gara keessan ergineerra.
3 Sababa rakkinna kanaatiif nami tokkolle akka
hin raafanne tana goone. Rakkinni akkanaa kun
ka nu dhaqqabu'uu male akka te'e isinuu hin
beettan.
4 Isin bira adoo jirruu akka rakkinni nu
dhaqqabu dursineetuu hinneerra. Akkuma isin
beettanu dhugumaan wonni kun teeteerti.

---

**3:1** HuE. 17:15

5 Waan kanaaf ani kana caalaa ossuu dadhannaan, Seexanni isin ataabee hujiin teennaalle tola fa'a baddee jiraatti jedhee sodaadhee, dhugeeffannaa teessan beekiisaaf Ximootewoos erge.

6 Amma ammoo Ximootewoos isin biraa deebi'ee, marroo dhugeeffanna'aa fi jaalala keessanii oduu nu gammachiittu fidee dhufeera. Akka isin yennaa maraa waan dansa'aan nu yaadattanuu fi akkuma nuuti isin dhaggiisaaf guddoo dharraanu, isinille akka nu dhaggiisaaf dharraatanu inni nutti hime.
7 Tanaaf obboleeyyan tiyya, rakkoo fi farra keenna maraa keessatti, sababa dhugeeffannaa teessaniitiif isiniin jajjabaanneerra.
8 Sababille Gootta'aan jabaattanee yoo dhaabbattane, jiruun teenna haareffantee leeti.
9 Nuuti fuula Waaqa keennaa duratti, gammada marroo teessaniif nutti dhage'ameef Waaqa galateeffanna.
10 Nuuti ila teennaan isin dhaggiisaa fi waan dhugeeffannaa teessan irraa dhidhatte guutiisaaf halkanii fi guyyaa jabeessinee daadimanna.

11 Amma Waaqi Abbaan keennaa fi Goottaan Yesuus gara keessan akka dhunnu karaa nu'uuf qajeelchu!
12 Akkuma nuuti isin akka malee jaalannu, jaalaltiin isin wolii fi worra dhibii maraaf qaddanu ittuma dabalantee akka fakkantu Goottaan godhu.
13 Guyyaa Goottaan keenna Yesuus woyyoota ifii duudii woliin deebi'ee dhufutti, komii malee

**3:6** HuE. 18:5

woyyumma'aan fuula Waaqa Abbaa keennaa dura akka jiraattanu inni isin jabeessu.

# 4

### *Jiruu Waaqa Gammachiittu*

1 Muummee irratti, obboleeyyan tiyya, Waaqa gammachiisiisaaf attam akka leetanu nu irraa barattaneertan. Ammaa tana dhugumaan akka san le'iisatti jirtan; tana caalaalle akka gootanu, maqaa Goottaa Yesuusiitiin isin gaafataa isin gorsina.
2 Nuuti baallii Goottaa Yesuusiitiin ajaja isinii kennine hin beettan.
3 Waaqi akka isin sagaagalummaa irraa fagaattanee woyyoontanu fedha.
4 Nami duudiin haadha manaa* woyyumma'aa fi ulfinnaan qabatee eegatiisa beekuu ti.
5 Akka worra Yihudoota hin te'inii, ka Waaqa hin beennee halchaa foonii badduu hin qabaatin.
6 Nami tokkolle waan kana irra taree dhugeeffataa dhibii hin yakkin. Akkuma tanaan qara isin ifi eegachiinne, worra waan kana godhu Goottaan hin adaba.
7 Waaqi woyyumma'aan akka leenu malee, akka battumma'aan leenuuf nu hin waanne.
8 Tanaaf, nami barsiisa kana tuffatu, nama adoo hin te'in, Waaqa Ayyaana Woyyicha ifii isiniif kennu tuffata.
9 Marroo wol jaalatiisaa isinuu Waaqa irraa waan barattaneef attam akka wol jaalattanu barreessiisa hin barbaachisu.

---

* **4:4** *Haadha manaa:* Nafa ifii

10 Isin dhugumaan dhugeeffattoota biyya
Maqedooniya'aa keessa jirtulle duudii jaalattan.
Maarre obboleeyyan tiyya, kana caalaalle akka
jaalattanu isin gorsina.
11 Akkuma tanaan dura isinitti hinne sirnaan
le'iisaaf, haajaa keessan baafatiisaa fi harkuma
keessaniin hujatiisa yaada qabaadha'a.
12 Karaa kanaan worra hin dhugeeffatin biratti
ulfinna dhaggattan; waan isiniif barbaachisulle
harka namaa irraa hin eegattanu.

### *Dhufa Gootta'aa*

13 Obboleeyyan tiyya! Akka namoota addii hin
qannee akka hin gaddine, marroo worra du'ee
dhugaa jirtu akka beettanu barbaanna.
14 Yesuus du'ee, du'a keessaa akka ka'e hin
dhugeeffanna; maarre Waaqi, worra Yesuusitti
dhugeeffatee du'e, isa woliin deebisee akka fidu
hin dhugeeffanna.
15 Akka barsiisa Gootta'aatitti waan isinitti
hinnu qanna: nuuti worri guyyaa Goottaan
deebi'ee dhufu adoo hin du'in jirru, worra du'eeru
hin dursinu.
16 Qoonqoo ajaja gudda'aatiin, qoonqoo mootii
erganticha Waaqaatiin, qoonqoo tultullaa
Waaqaatiin bookarfamee, Goottaanuu ol-
gubbaa irraa gadi hin dhufa. Worri Kiristoositti
dhugeeffatee du'e, dursee hin ka'a;
17 achiin duuba nuuti worri adoo hin du'in jirru
isaanuma woliin qilleensa irratti Gootta'aan
wolde'iisaaf duumensa keessa ol butanna.
Maarre haga bara baraalle Goottaa woliin leena.
18 Tanaaf jecha kanaan wol jajjabeessa'a.

---

**4:17** 1 Qor. 15:51-52

# 5

## *Dhufa Gootta'aatiif Qophowa'a*

1 Obboleeyyan tiyya! Marroo baraa fi yennaa
wonni kun itti teetuu isiniif barreessuun hin bar-
baachisu.
2 Guyyaan Gootta'aa akka hattuu halkaniin
dhuttuu akka dhufu isinuu akka dansaa beettan.
3 Namooti, «Wonni duudiin nageya, qabbana»
adoo jedhanuu, akkuma ciniinsuun dubartii ul-
faatitti dhuttu, badiin tasa isaanitti dhutti; ijju-
maa jalaa hin bayanu.
4 Obboleeyyan tiyya! Isin ammoo dukkana
keessa waan hin jirreef, guyyaan sun akka
hattu'uu isinitti hin dhufu.
5 Isin duudiin ijoollee ifaatii fi guyya'aa ti. Nuuti
worra halkanii yookiin worra dukkanaatii moti.
6 Maarre, dammandhee ifi qabatiisaan hagatti
leenuutii malee, akka worra dhibi'ii me rannuu ti.
7 Worri rafu halkan rafa; worri machowulle
halkan machowa.
8 Nuuti ammoo worra guyya'aa waan teeneef,
ifi qabannee hagatti leenuu ti; dhugeeffanna'aa
fi jaalala akka qomoo sibiilaa, addii fayyinnaalle
akka gullee sibiilaa keyannuu ti.
9 Waaqi akka nuuti karaa Goottaa keenna
Yesuus Kiristoosiitiin fayyinna dhaggannuuf
malee, mufi'iif nu hin waanne.
10 Nuuti jiraannulle yookiin duunulle isa woliin
akka jiraannuuf, Kiristoos nu'uuf du'e.
11 Maarre akkuma amma godhiisatti jirtanu,
wol jajjabeessaa wol ijaara'a.

---

**5:2** Mat. 24:43; Luq. 12:39; 1 Phex. 3:10 **5:8** Efe. 6:13-17

### *Gorsaa fi Nageya Muumme'ee*

12 Obboleeyyan tiyya! Worra odduu teessanitti
jabaatee hujaa, karaa Gootta'aatiin isin sooressuu
fi gorsu akka ulfeessitanu isin kadhanna.
13 Sababa hujii isaan hujanuutiif jaalalaan gud-
disa'aa isaan ulfeessa'a. Isinille woliif nageya
qabaadha'a.
14 Obboleeyyan tiyya! Worra hujii jibbu akka
xixxanu, worra yaraa akka jajjabeessitanu, worra
dadhabaa akka qarqaartanu, nama maraaf akka
ossattanu isin gorsina.
15 Yennaa duudii wolii keessanii fi namoota du-
udi'iif dansaa godhiisaaf yaadadha'a malee, nami
tokkolle waan hantu'uuf hantuu akka hin dee-
binne ilaalladha'a.
16 Yennaa mara gammada'a;
17 yennaa mara daadimadha'a;
18 waan maraa keessatti Waaqa galateeffadha'a.
Jiruu isin Yesuus Kiristoosiin qaddanu keessatti
wonni Waaqi isin irraa barbaadu kana.
19 Ayyaana Woyyicha hin ukkaansina'a;
20 jecha raagaa hin tuffatina'a;
21 ammoo waan maraa qorqora'aa ilaala'a;
waan dansaa qabadha'a;
22 waan hantuu duudii irraa fagaadha'a.
23 Waaqi Abbaan nageyaatuu, guutumatti isin
woyyoonsu; ayyaanni keessan, lubbuun teessanii
fi nafi keessan duudiin komii malee, guyyaa dhufa
Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiitiif eegamu.
24 Ka isin waame addatamaa waan te'eef, in-
ninuu tana hin godha.
25 Obboleeyyan tiyya! Nu'uufille daadimadha'a.

26 Sunqata woyyichaan dhugeeffattoota duudii
nageya fuudha'a.
27 Ergaa tana akka dhugeeffattoota duudi'iif
dubbittanu maqaa Gootta'aatiin maganne'e
isiniin jedha.
28 Badhaadhi Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii
isin woliin jiraatu.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e